Washington State Department of Social & Health Services
Transforming lives

ABLE BODIED ADULT WITHOUT DEPENDENTS (ABAWD)

Ulaagaalee Mirga Soorata Bu'uuraa: Faayidaalee kee Eegsifachuuf Waan Beekuun Si Barbaachisu

Basic Food Eligibility Requirements: What You Need to Know to Keep Your Benefits

Hin hojjettu yoo ta'e faayidaaleen kee yeroo irratti kan hundaa'anidha

Nuti siin Soorata Bu'uuraaf akka Nama Guddaa Of danda'uufi kan Itti Hirkatu Hin qabneetti (ABAWD) si ilaalla sababiinsaas ati hojjechuu kan dandeessuufi mana kee keessaa ijoollee kan hin qabne waan taateef.

Ulaagaaleen hojiif barbaachisan hin guuttu taanaan ji'oota 36 keessaa ji'oota sadiitiif faayidaalee Soorata Bu'uuraa argachuu ni dandeessa.

Akkamitti faayidaalee Soorata Bu'uuraa kee akka itti Eeggattu

Faayidaalee kee ji'oota sadii oliif eegsifachuuf wantoota armaan gadii keessaa tokko ykn isaa ol hojjechuu qabda:

- Ji'a ji'aan karaa sagantaa Hoji-gargaarsaaf hojii tola ooltummaa xumuri. Faayidaaleen soorataa kee eegsifachuudhaaf hangi faayidaa ji'aa kee baayyina saatii ati hojii tola ooltummaa hojjechuu qabduu murteessa.
- Giddu-galeessaan yoo xiqqate torbanitti saatii 20 ykn ji'atti saatii 80 hojjedhu.
- Hojii ykn sagantaa leenjii mootummaadhaan mirkanaa'e kan akka armaadi gadiitti hirmaadhu:
  - Hojiifi Leenjii Soorata Bu'uuraa (BFET). Odeeffannoo dabalataaf www.dshs.wa.gov/bfet daawwadhu;
  - Sagantaawwan Labsii Humna-hojii Kalaqafi Carraa (WIOA). keessatti hammataman. Odeeffannoo dabalataaf https://www.dshs.wa.gov/esa/community-services-offices/wioa daawwadhu;
  - Amriikoorpis Viistaa ykn;
  - Ulaa Si'oomina Ingliffaa Murta'aa (LEP)

Waantota Hirmaanaatiif Gufuu Ta'an

Ji'a tokko keessatti yoo xiqqate saatii 80 hirmaachuu hin dandeessu yoo ta'e nu qunnami sababiinsaas ati:

- Hir'ina qaamaa ykn sammuu qabda;
- Hojjetaafi Industriiwwan(L&I), Bulchiisa Sooratamtootaa ykn Hirpha Warreen Hir'ina Qaamaa Waliin Jiraatan dhuunfaarraa faayidaalee fudhatta;
- Haala hojii dhowwu kan akka mana dhabuu yeroo dheeraa keessa jiraatta;
- Namoota sababii umuriif ykn rakkoo hir'ina qaamaatiif ofii isaanii kunuunsauu hin dandeenyeef kunuunsa taasifta;
- Wallaansa hirkattummaa kemikaalaa ykn sagantaa damdamachiisuu keessatti hirmaatta
- Bu'aawwan hoji-dhabdummaaf iyyatta ykn fudhatta;
- Yoo xiqqaate gar-tokkee yeroof barnoota deemta;
- Faayidaawwan Gargaarsa Maallaqaa Kolu-galtootaa ykn Fandii Maachingi Giraantii fudhatta.

Waantota ati gabaasuu qabdu

Yoo waantonni armaan gadii uumaman nutti himuu qabda:

- Ji'a tokko keessatti lakkoofsa saatii hirmaannaa barbaachisu xumuruu yoo hin dandeenye ta'e.
- Hojiin kee torbanitti saatii 20 gadi yoo ta'e.
- Galiin mana keetii daangaa WAC 388-478-0060 ol yoo darbe.

You can find more information about requirements at.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee ulaageelee ABAWDwww.dshs.wa.gov/abawd irratti argachh dandeessa.

Gaaffiiwan yoo qabaatte, sagantaa leenjii waliin walqunnaamuuf yoo gargaarsa barbaadde ykn jijjiirama jiru yoo gabaasuu barbaadde toora 1-877-501-2233 kanaan nuuf bilbili.

Faayideeleef iyyachuuf, keessa-deebii galchuuf ykn jijjiiramwwan gabaasuuf www.washingtonconnection.org daawwachuu ni dandeessa.